Kutaa 2

# Leencaafi Waraabessa



Dubbisa 3

# Leencaafi Waraabessa

Dubbisa 3 | Kutaa 2



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen, walta'iinsa dhaabbata 'Pact Ethiopia' fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee dhaabbata 'Save the Children' fi Ministeera Barnootaatiin fooyya'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.


For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/




Dur dur leencaafi
waraabessatuu horii
dabareen tikfatu turan.




Leencichi sangaa qaba.
Waraabessi immoo sa'a qaba ture.




Gaafa dabaree leencaa
sa'i waraabessaa jabbii
dhalte. Leencis dil'uu
sa'ittii eegee sangaa
isaatti hidhee jabbii immoo
sangaa duukaa oofee gale.




Leenci akkuma galeen waraabessa waamee, “Sangaan koo jabbii dhale,” jedheen. Waraabessis, sa’a kootu dhale jechuu barbaade. Leenci ija itti babaafnaan sodaatee dhiise.



Waraabessi leenca sodaatee bineensonni biroon akka murteessaniif waammate. Bineensonni kunis leenca waan sodaataniif, "Sangaa leencaatu dhale," jedhanii murteessan.



Qamaleen bineensota hunda booda turtee jaarsummaa dhufte. Leencis aariidhaan maaliif turte jedhee qamalee gaafate. Qamaleenis “Lafti gargar baqannaan isa hodhaa oole,” jettee deebiste.



Leencis jecha qamaleetti baay'ee aaree, "Erga yoomii lafti gargar baqaqee hodhamee beeka?" jedheen. Qamaleenis "Erga yoomii sangaan jabbii dhalee beeka?" jettee fiixee mukaa keessa badde jedhama.

Gaaffilee asii gadii deebiisi.

1. kan horii dabaree waliin tikfate eenyuufi eenyudha?
2. Sangaan kan eenyuu ture? Sa'i hoo kan eenyuu turte?
3. Sa'i jabbii kan dhalte gaafa dabaree eenyuuti?
4. Bineensonni maaliif "sangaa leencaatu dhale" jedhanii murteessan?
5. Leenci maaliif qamaleetti aare?
6. Seenicha irra deebi'ii hiriyaa keetti himi.

# Qoqqooduufi Walitti Makuun Dubbisuu

| | | |
|---|---|---|
| a. | wa-raa-bes-sa → waraabessa | |
| b. | da-ba-ree → dabaree | |
| c. | tik-fa-tan → tikfatan | |
| d. | bi-neen-so-ta → bineensota | |
| e. | mur-tees-suu → murteessuu | |

# Leencaafi Waraabessa

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja’aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan

| | |
|---|---|
| Dubbisa 1 | Fakkeenyummaa Gaarii |
| Dubbisa 2 | Halluuwwan Uffataa |
| Dubbisa 3 | Leencaafi Waraabessa |
| Dubbisa 4 | Qonnaan Bultoota Cimoo |
| Dubbisa 5 | Qamaleefi Leenca |
| Dubbisa 6 | Namicha Gowwaa |
| Dubbisa 7 | Maatii Gargaaruu |
| Dubbisa 8 | Qulqullina Eeggachuu |
| Dubbisa 9 | Bineeldota |
| Dubbisa 10 | Meeshaalee Manaa |
| Dubbisa 11 | Barattuu Cimtuu |
| Dubbisa 12 | Nyaata Aadaa |
| Dubbisa 13 | Walqixxummaa |
| Dubbisa 14 | Barataa Qaxalee |
| Dubbisa 15 | Eenyu Haafuudhuu? |
| Dubbisa 16 | Goota Magariisaa |

USAID

UUMMATA AMERIKAA IRRAA